

# CIMINA TALAALLII: AKKAMIIN AKKA TALAALLIIN MAATIIN IJOOLLEE ISAANII EEGUUF GARGAARU

**PROJECT HEALINGS**
**COVID-19 SERIES - KEEWWATA #6**

**kan Miidiyaa Eeshiyaa, Mana Maree Daldalaa Chaayinaa Ameerikaa – MN fi Spitfire waliin ta'uun hojjetame**

Photo Courtesy: Graphicroyalty

Godaantotni fi baqattoonni Afrikaa kan Minnesotaa hedduun isaanii ijoollee isaaniif egeree fooyya'aa ol kaa'uuf jecha gara Ameerikaatti kan ce'an yoo ta'u, dhibeen COVID-19 garuu carraa sana balaadhaaf saaxilee jira. Maatiin yeroo weerara vaayirasichaa daa'imman xixiqqoo guddisan rakkoon karaa lamaan isaan mudateera. Tokkoffaa, rakkina dinagdee hojii-dhabdummaan dhufuu fi yeroo hunda maatii akkamitti akka geggeeffattan ilaalchisee yaaddoon jiraachuusaa. Lammaffaa, jijjiirama hedduu COVID jireenya guyyaa guyyaa irratti fideen daa'imman kunuunsuuf rakkoon isaan quunnamuusaa.

Haala cehumsa kan mana keessatti barnoota hordofuu ilaalchisee ijoollee baay'eetti miirri addaan baafamuu akka itti dhaga'amu taasiseera, akkasumas maatiin miseensota dhabuu isaaniitiin yaaddoo keessa galchee jira. Ogeessi fayyaa hawaasaa Fred Ndip akkas jechuun ibsa, "Nama sodaachisaa ture. As biyya US keessattis ta'e gara biyyatti deebi'uudhaan miseensota hawaasaa hedduu waan dhabneef yaaddoo cimaa uume."

Barattoonni waa'ee maatii isaaniif sodaachuu bira darbee mana barumsaa keessatti duubatti hafuuf yaadda'u turan. Ijoolleen hawaasa godaantotaa keessa jiran mana keessatti barumsa hordofuuf danqaan dabalataa isaan mudateera. Maatiin Afaan Ingiliffaa sirriitti hin beekne ykn sirna mana barumsaa Ameerikaa yoo sirriitti hin hubanne, ijoolleen barnoota vaartuwalii akka hordofaniif gargaaruun isaanitti ni ulfaata. Fayyadamni Intarneetii daangeffamaa ta'uu fi cufamuun kan mana kitaabaas barattoonni deeggarsa argachuuf akka danqaman taasiseera.

Garuu hawaasni godaantotaa jijjiiramaaf kan itti fayyadaman yoo ta'u, Afrikaan hawaasaaf of kennuu isheen qabdu haala dandamannaa isaatii guddisee jira. Daarektarri Olaantuun Waldaa Dubartoota Afrikaa Minnesota / (MAWA), Melissa Nambangi, "Hawaasa biyyoota Afrikaa adda addaa irraa dhufan gidduu garaagarummaa hedduutu jira. Garuu waan bareedaa wal fakkaatu qabna: hundi keenya hawaasaaf iddoo guddaa kennina. Yeroo hundumaa mana keenya keessatti namoota baay'eedhaaf bakki jira. Yeroo hundumaa namoota fudhannee, nyaata mana keessatti bilcheefame ni dhiheessina, walis ni deggerra" jedhaniiru.

Hawaasni sirna deeggarsa barbaachisaa ta'eedha, yeroo warra ta'uu ilaalchisee. Mucaa guddisuuf akkuma jedhamu naannoo tokko barbaachisa. Ndip akka jedhutti, "Weerarri kun gama hawaasummaa sana nurraa fudhate, garuu talaalliin akka deebifnuuf nu gargaaruu danda'a." Talaalliin weerara COVID to'achuun hawaasa waliin deebi'anii walqunnamsiisuu fi wal deeggaruun dhaloota dhufuuf egeree fooyya'aa uumuuf nageenya akka qabaatu gargaaruu danda'a.




Get Vaccinated | Get Vaccinated |

## Maatiin nageenyaa fi jabinaan turuuf


Haadholiin ijoollee isaanii nagaa fi fayyaa akka qabaataniif waan gochuu danda'an hunda akka godhan dhokataa miti. Nambangi, haadholii Afrikaa kanneen akka isheetii keessatti kaka'umsi kun cimee akka itti fufu akkanatti yaada qooddi: "Ijoolleen keenya akka dhukkubsatan hayyamuu hin dandeenyu. Dhukkubbiin isaanii akka yaratu barbaanna. Nuti garuu akka dubartootaatti kan amaleeffaanne booda of kaa'uudha."

Ijoollee kunuunsuun jabina barbaada. Jabaatanii turuuf ammoo warris ofii isaanii kunuunsuun barbaachisaa ta'a. Dhibeen COVID kun warraafi daa'imman irratti miidhaa fayyaa hamaa ta'ee fi kan yeroo dheeraaf turu qqqabsiisu. Dhibeen COVID bara 2020 hanga 2022 gidduutti daa'imman umuriin isaanii waggaa 1 hanga 4 ta'aniif sababa du'aatiin sadarkaa shanaffaa irratti argama . [1] Haata'uyyuu malee, talaalliin carraa dhukkuba cimaa qabaachuu hir'isuuf gargaara. [2] Namoonni talaallii fudhatan, carraan dhibee COVID-tiin du'uu isaanii kan namoota talaallii hin fudhanne caalaa dachaa 10 gadi bu'aadha.

Talaalliin namoota dhuunfaa qofa osoo hin taane maatii guutuu eeguufis ni gargaara. Warri yeroo talaallii fudhatan carraan dhibee balaafamaa kana gara ijoollee isaaniitti dabarsuu isaanii xiqqaa ta'a. Yammuu waa'ee COVID kaafnutti, ijoollee keessan tiksuu jechuun of tiksuu jechuudha.

Kun ammoo yeroo waqtii ulfaas sirriidha. Qorannoon akka agarsiisutti talaalliin COVID dubartoota ulfaa fi daa'immaniif nageenya kan qabuu dha. Talaalliin daandii haadholiin daa'imman isaanii dhukkuba gosa hedduu irraa ittiin ittisan kan baramaa ta'eedha. Nambangi akkas jechuun yaadatti, "Dubartiin Afrikaa yeroo kootti haadha taate kamiyyuu osoo ulfa taate talaallii murtaa'e fudhachuu ishee barattee jirti. Waggoota lamaan jalqabaa jireenya kan daa'imaa keessatti talaallii...kan busaa, pooliyoo, fi TB isaaniif kennuu qabna. Talaallii kanas kan kenninuuf daa'ima kana fayyadaa akka jirru waan beeknuuf ta'a."

Talaalliin COVID akkuma talaallii biroo dhimma fayyaa yeroo dheeraa sababa COVID irraan mudatu ittisuudhaan fayyummaa wal-hormaataas ni eega. Talaalliin akkuma haadholii fi shamarraniif gargaaru abbootiifi ijoollee dhiiraafis ni gargaara. Talaallii fudhachuun maatiin hanga danda'ametti cimanii akka jiraataniif gargaara, kunis ijoollee isaaniif jiraachuu akka danda'anii fi dhibee COVID'n akka hin gidirfamne ni mirkaneeffatu. Nambangi akkana jechuun qoodde, "Talaalliin naaf kenname fayyaa ta'ee akkan turuuf na gargaareera. Jijjiiramas ni fida."



## Kunuunsa fayyaa waliin deemuu

Talaallii fudhachuun murtee kan ittiin ofii fi maatii ofii COVID irraa eegnu qofa miti. Yaadannoowwan kanneen qabatamaa ta'anis ni jiru. Biyya haaraa keessa jiraachuun kan ulfaatu yoo ta'u, garuu sirna eegumsa fayyaa walxaxaa fi qaala'aa ta'e keessa jiraachuu barachuun ammoo hawaasa godaantotaaf qormaata caalmaatti ulfaataa ta'eedha. Talaalliin COVID inshuuraansii malees bilisa ta'uu isaa beekuun barbaachisaadha, hawaasni kunuunsi kunuunsa salphaa fi nageenya qabu taasisuuf walitti dhufaa jiraachuun isaas ni hubatama.

Dhaabbileen akka MAWA fi Project HEALINGS hawaasa godaantotaa kunuunsa isaan barbaachisu akka argatan deggaruuf kan uumamaniidha. Dhaabbileen kunneen mootummaa irraa walaba kan ta'anii dha. Miseensonni hawaasa kan naannoo, kanneen akka Ndip fi Nambangi, dhaabbilee kana geggeessuu fi fedhii hawaasaa, kanneen akka odeeffannoo fayyaa gara afaanotaafi loqoda Afrikaatti hiikuu (translating health information) of keessatti haammata.

MAWA fi Project HEALINGS kilinika COVID kan mataa isaanii kan geggeessan, bakka itti gaaffii gaafachuu, tajaajila kunuunsa fayyaa amansiisaa itti argachuu dandeessan, yoo feetanis  talaallii fudhachuu dandeessanii dha. Ndip akkas jechuun mirkaneessa, "Warri, nageenya maatii isaanii  eeguuf waan danda'an hunda gochaa akka jiran duruu ni beekna. Gaaffiiwwan irratti mari'achuu fi tajaajilli akkamii akka jiran ifa taasisuuf as jirra, kanaaf namni hundi ofii isaatii murtoo sirrii ta'e murteessuu danda'a."




## Reference

1. [Dr. Katherine E. Fleming-Dutra. (2022, June 17). COVID-19 epidemiology in children ages 6 months– 4 years. https://www.cdc.gov/vaccines/acip/meetings/downloads/slides-2022-06-17-18/02-COVID-Fleming-Dutra-508.pdf
2. Chatterjee, R. (2022, June 18). CDC clears the way for vaccinations for children 6 months to 5 years old. NPR. https://www.npr.org/sections/health-shots/2022/06/18/1105929247/vaccinations-for-children-6-months-to-5-years-old-can-begin-after-cdc-clears-the

***Acknowledgement***

*This project is supported by the Centers for Disease Control and Prevention of the U.S. Department of Health and Human Services (HHS) as part of a financial assistance award totaling $4,000,000 with 100 percent funded by CDC/HHS through NNPHI. The contents of this document are those of the author(s) and do not necessarily represent the official views of, nor an endorsement, by CDC/HHS, or the U.S. Government.*

